# Yaadannoo Guyyaa Gootota Oromoo Ebla 13, 2013 Frankfurt, Germany

Miseensoni TBOJ(UOSG) fi deegartootni QBO fi hawaasni Oromoo Biyya Jarmanii jiru Ebla 15 guyyaa goototaa Oromoo bara 2013 magaala Frankfurt ti Ebla 13 sirna ho'aa fi hamilee guutuun kabajatanee jira.

Ayyaanni guyyaa Gootota magaalaa Frankfurt keessatti ta'e Gootota wareegaman daqiiqaa tokkoof yaadachuun yeroo ta'u, itti aansuun Faaruun Alabaa Oromoo hirmaattota ayyanichaan faarfatamee jira. Guyyaa yaadannaa kan irraatti MGS ABO J/Dr.Shuguxi hirmaattotaaf seenaa guyyaa Gootota Oromoo ibsaani jiru. J/Dr.Shuguxii guyyaa Gootota ilaalchisee Miiseensoota TBOJ fi haasawaa Oromoof Ibsaa balaa godhan keessatti guyyaan kun maal akka ta'ef, maaliif Oromoon akka kabaju, Miseensa ABO'n yoomii irraa kaasee guyyaa kana akka kabajuu eegalee fi Kaayyoo Gootota Oromoo irrati wareegamaniif galamaan ga'uuf nuu irraa maal akka guumaachuu qabnu kan jedhu irratti ibsa kennanii jiru.

Guyyaa gootota yeroo kabajnu; waadaa kalee galee fi irbuu gootota Oromoo nutti kennan bakkaan gahuuf akka miseensatti TBOJ fi Miseensi ABO, deegaraa fi miseensa jaarmiyaa Hawaasa Oromoo itti tokkoon tokkoon keenya dirqama nurraa eegamu ba'u akka qabnu cimsuun ibsanii jiru. Uumanni oromoo guyyaa hara'a illee qabeenyaa saamamee, qa'ee isaa irraa bu'uqauun, gidraa, hidhaa, ajeechaa fi gadadoo yeroo kan caaluu keessatti argama. Kanaafuu hanga dandeenyu uumata keenyaaf furmaata fi fala fiduuf qabsoo bilisummaa Oromoo ABOn hogganamu deegaruu fi gumaachaa nurraa eegamu akka ba'uun qabu waamicha dhiyeessanii jiru.

Xumuraa irratti ummatni Oromoo Ayyaana kana irratti hirmaatan WBO fi qabsoo bilisummaa Oromoo ABOn hoogganamu deeggaruu fi tokkummaan hiriiruu akka qaban mikaneessan jiru.

## Ibsaa Ijjannoo TBOJ fi Degartootaa QBO:-

**-Oromiyaan fi Qabeenyi ishee kan Oromooti, TPLF akka Sabaa keenya fi Oromiyaa irraa harka kaasu akeekachisina!**
**-seenaa Gootowwan keenya wareegamanii Injjifannoon faajii isan ol kaasina!**
**-Akeeka gootawwan keenya galmaan ni geenya!**
-Ebla 15 guyyaa gootota oromooti,waan dandeeye maraan tarkaafii diina keenya irrati furachuun **yaadanee fi kabajinee oolaa!**
**-Maqaa Oromoo fi Oromiyaan Itoophiyaaf hin falminu!**
**-TBOJ fi Hawwas Oromoo Oromiyaaf Gumaachaa nuu irra barbaachiisu kamuu ni baasna!**
**- Mootummaan wayyaanee garboomfataa dha! Sabaa keenyaaf Oromiyaa ni falmanaa!**
**-ABO gaaachana ilmaan oromooti ni deegaraa!**
**-Oromiyaan ni Walaboomttii(Oromia shall be free!) Sabiin keenyaa Bilisaa ni baha!**
**-Hidhaa fi ajjeechaan haamilee nuu hin cabsu! Qabsoo itti fufna!**

***IUOf!***

***Qabsaawaan ni kufa qabsoon itti fufa!***

**Koree Hojjii Qindeesiituu TBOJ**